

## Bakki banaan magarsiisi bakka Simmons Street tolchamaa jira

Simmon Street bira lafa walqixxeessuun akka haaraatti sirreessuuf cimsamee itti fufaa jira. Dhiheenyatti trbannota itti aanan keessatti mukeetii, biqiltuu, baalaa fi marga 24, 000 caalu ni dhaabna. Kunneenis mukeetii gudguddoo 41 duraan bakkichatti hafanii turan waliin bakkicha magariisa huwwisee manneen haaraan akka nama simatan taasisa.

Lafti wal qixxeesamee tolachamu mukeetii jala taa'anitti bifa tolchuu, bakka irra taa'an kan qabuu fi gaaddisa jala taa'amu kan qabaatu taha. Biqiltooti naannoo miilaan keessa deeman irra dhaabbatan fi karaa konkolaataan gandicha keessa irra deemtu bira jiran lafti irra diriirsamee jiru gaggabaaboo, akka naannicha arguuf ija nama hin danqine tahanii tolchamanii fi naannicha keessa nageenyaan sosso'uuf kan gargaaranii dha.

Odeessa haaraa kan ijaarsa sadarkaa haaraa hawaasa Prahran fi South Yarra yero yerootti babbahu akka hin dhabnetti iimeelii kee tarree dhaamsaa keessa galchi.

## Jiraatota kan bakka King Street bakka biroo qusiisuuf yeroo akeekame

**Guraandhala 2026**
Karoora kana jalqabuuf kan nu gargaaran jiraatota 300 caalan irraa odeeffannoo waliif qoodame dhageenyee jirra.

**Caamsaa 2026**
- Koreen Hariiroo Hawaasaa (Community Connector Committee) gaaffii gaafachuu fi odeeffannoo waliif qooduuf wal-gahii ni qabaatu.
- Odeeffannoo kennuufiin kan jiraatotaa, maatii fi saayibbanii itti fufa.
- Jiraatota gargaarsa dabalaa barbaadaniif Keettoon Fayyaa Gaarii (Better Health Network) ni jira.

**Adoolessa 2026**
- Waliin dubbannaa jalqabaa jiraatotaaf qopheessuuf gartuun bakka biroo dabarsanii qubsiisan isaan qunnamu.
- Yeroo itti dhihaatu wiirtuun bakka biroo qubsiisuu gargaarsa kennuuf ni banamu.
- Jiraatoti manneen naannoo isaanii jiran fakkeenyaaf naannawaanii do'atu.

**Bara 2026 gara dhumaa**
Manneen haaraan naannoo keessatti ijaaramani xumuramanii jiraatota bakka biroo qubsiisamaniif kennamu.


**Guraandhala 2028**
Jiraatoti hundi bakka biroo qubsiisamu.

## Wal-quba qabeenya qabaachuu

- Sagantaalee odeeffannoo
- Dubdeebii Gorsaa
- Odeessa haaraa argachuuf itti of galmeessi

Hirmaannaa keessa turuuf daawwadhaa:

homes.vic.gov.au/south-yarra



qorqora hawaasotaa kan **Homes Victoria irratti nu hordofaa**

Abboomsaa fi maxxansaan Mootummaa Viiktooriyaa, 1 Treasury Place, Melbourne. © State of Victoria, Hooms Viiktooriyaa, Waxabajjii (June) 2026.
Kan maxxanse Finsbury Green, Melbourne Victoria, 3000. (HV017526)

More Homes For Victorians | VICTORIA State Government

Oromo | Afaan Oromoo


Waxabajjii 2026

homes victoria

BIG HOUSING BUILD

# Prahran fi South Yarra

## Odeeffannoo Haaaraa



### Bakka magariisa uffata bareedaa kan Simmons Street

Biqiltoota, mukeetii, baalota fi marga haaraa 24,000 ol tahu naannoo manneen haaraatti ni tolchamu.

### Wiirtuun bakka biroo qubsiisuu kan bakka 25 fi 26 King Street jiraatotaaf ni banama

Bakka birootti dabruu kara siif saphlatu gartuu waliin kottuu dubbadhu.

### Waajjirri manneenii bakka jiru irraa sosso'ee jira

Waajjirichi amma bakka Level 2, 120 Clarendon Street dabree jira. Waajjira mannenii kan Prahran akkuma duraatti itti bilbiluu yokin iimeelii itti erguu itti fufuu dandeessa.

Hooms Viktooriyaan namoota Aboorijiinaal fi Torres Strait Islander akka Eegdota Aadaa lafichaatti beekamtii kan kennu yoo ta'u, Maanguddoota isaanii, kan durii fi kan ammaa, beekamtii fi kabaja kenna.

# Prahran fi South Yarra keessa maaltu tahaa jira Waxabajjii 2026




**259 Malvern Road**

**Kireeffattoonni yeroo ammaa deebi'anii qubataa jiran**

**Hojiiwan**

Akka gandicha keessaa namni baheen eeggannoo barbaachisu itti tolchina:

- Manneen keessaa bahame ilaaluu fi eeguu
- Manneen namooti keessaa bahan jala ulaa fi jala isaa keessatti waan ittiin to'annu tolchina.

**2 Simmons Street**

**Fuulduratti irra deebiin misoomsuu**



**Simmons Street**
Manneen haaraa 522 fi bakkoota hawaasaa haaraa

**Yeroo itti xumuramuf jiru dhuma bara 2026**

- Hojiin bakkicha tolchuu itti fufa
- Fuulduraa fi keessa tolchuun itti fufa

**Hojiiwan**

Daandii haaraa wal agarsiisu tolchuuf bakki konkolaataan dhaabbatu kan 1 Surrey Road, Simmons Street dhihoo jiru cufamee jiru **jalqaba Adoolessaa (July) deebisee banama**.

Bakki konkolaataan dhaabbatan laf-jala kan bakka Horace Petty amma illee ni jira.

**25 fi 27 Kiing Stiriit**

**Sadarkaa itti aanu kan deebisanii ijaaruu**

Baatii Waxabajjii keessa gartuun bakka biroo qubsiisan odeeffannoo jiru siif qooduu fi gaaffii jiru deebisuuf bakka ati jiraattu ni dhufu.

**Jiraatota bakka 25 King Street**

Gartuun kun guyyoota Kibxataa (Tuesday) ganama sa'aa 9.30 hanga ganama sa'aa 11.30 fi guyyoota Kamisaa waaree booda sa'aa 1.30 irraa hanga waaree booda sa'aa 3.30 kutaa hawaasaa keessa ni jiru.

**Jiraatota bakka 27 King Street**

Gartuun kun guyyoota Kibxataa ganama sa'aa 9.30 hanga ganama sa'aa 11.30 fi guyyoota Kamisaa waaree booda sa'aa 1.30 irraa hanga waaree booda sa'aa 3.30 kutaa kompuuteraa keessa ni jiru.

**1 Surrey Rood**

**Fuulduratti irra deebiin misoomsuu**

**Bangis Stiriit**
Manneen haaraa 434 fi bakkoota hawaasaa haaraa

**Xumuri**



**Esseks Stiriit**
Manneen haaraa 155 fi bakkoota hawaasaa haaraa

**Yeroo itti xumuramuf jiru dhuma bara 2026**

- Hojiin bakkicha tolchuu itti fufa
- Fuulduraa fi keessa tolchuun itti fufa

Dalagaan keenya sa'aa hojii beekamaa kan Gumii (Council's standard work hours) gaggeeffama:

**Wixataa hanga Jimaataatti**
Waaree dura sa'aatii 7 hanga
Waaree booda sa'aatii 6 gidduutti

**Sanbata** ganama sa'aa
9 hanga galgala sa'aa 6tti

Jiraattota odeessa dabalataa barbaadaniif waajjira manneenii ganda keetii dubbisi:

1300 555 526

prahran.housing@dffh.vic.gov.au

Yeroo tokko tokko sa'aa hojii keessaa ala hojjechuuf yeroo barbaachisu hayyama gumii gaafanna garuu yoo akkas kan tahu tahe jiraatota ni beeksisna.

Hojiileen hundi sadarkaa nageenyaa fi ulaagaalee seeraa olaanaa ta'een kan raawwatamanidha.

## Bakka 259 Malvern Road maaltu akka tahaa jiru

**Yeroo jiraatoti manneen kana keessa jiraataa jiranitti manichi hin diigamu.**

### 1. Caalaatti barachuu fi nageenya wantootaa eeguu

- Nageenya manneen waliini onanii mirkaneessuu
- Nageenya meeshaalee mirkaneessuuf dirree hojii fi gamoolee qorachuu
- Suphaa idilee itti fufuu

### 2. Qophaa'uu

- Nageenyaaf kan oolan dirree hojii fi mallattoolee tolchuu
- Walquunnamtii tajaajilaa sakatta'uu
- Nageenya miilaan-deemtota, konkolaataalee fi bakka dhaabbii konkolaataa mijeessuu
- Ijaarsa manichaa jabeessuuf keessi isaa kan hojjetamu

### 3. Diiguu

- Ijaarsa hojii guutuu
- ijaarsa keessoo manaa xumuruu
- Tartiiba eeggannoon guutameen gamoolee gad jigsuu
- Yeroo yeroon hawaasaaf odeessa kennuu

Afaan keessan dabalatee odeeffannoo dabalataaf marsaa itti aanu daaw'adhu: **homes.vic.gov.au/information-in-your-language**

Iyyata waliigalaaf imeel kanaa gadiitiin nu qunnami:

**enquiries@homes.vic.gov.au**